# “Amantii keenya kana keessatti waan isa keessa hin jirre namni argamsiise inni isuma irratti deebifamaadha

Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu- ni jette: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: “Amantii keenya kana keessatti waan isa keessa hin jirre namni argamsiise inni isuma irratti deebifamaadha" Bukhaari fi Muslimtu gabaasan. Akka Muslim gabaasetti: “Namni hojii amantii keenya keessa hin jirre hojjate inni isuma irratti deebifamaadha".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni amantii kana keessatti waa kalaqe ykn waan Qur’aanaa fi Hadiisa irraa ragaa hin qabne hojjate inni abbuma hojjate san irratti akka deebifamuu fi Rabbiin biratti fudhatama akka hin qabne ibsan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/4792

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee